# Kitaaba Ruutii

## Seensa

Dabarsiin Ruutii ta nageyaan guutante, bara hammeennaa ka kitaaba abbootii mura'aa keessatti himame keessa dhaggante. Dubartii biyya Mo'aabii ta teete, Ruuti, namicha Israa'elicha tokko heerumtee turte. Inni yennaa du'e, Ruuti, haadha sodda'aa ta ifii Israa'elitti'iif addatamummaa baaseffachiittu mudhittee, Waaqa Israa'eliitiifille gad fageennaan ifi kennite. Muummee irratti, fira dhirsa isi'ii ka durii keessaa, dhirsa dhibii heerumtee, karaa heeruma kanaatiin, mooticha Israa'elii guddaa ka te'e, abuuboo Daawitii teeti.

Dabarsiin kitaaba abbbootii mura'aa keessa jirtu, kolbaan Waaqaa yennaa isa irraa fagaatte badii isaan irra geette mudhitti. Dabarsiin kitaaba Ruutii keessaalle, dubartii ormaa ta gara Waaqa Israa'elii deebite takka eebba isiin dhaggattee fi golii kolbaa addatantuu Waaqaa akka isiin teete mudhitti.

**Haadhoo Dubbi'ii**

Naa'oom Ruuti woliin gara Beeteelemii deebite *1:1-22*
Ruuti Bo'aziin wol dhaggite *2:1—3:18*
Bo'az Ruuti fuudhe *4:1-22*

*Eliimelekii Fi Maatiin Isaa Biyya Mo'aabiititti Godaanane*

1 Bara durii, yennaa abbootiin mura'aa biyya Israa'elii bulchitu, beelti biyyatti buunaan, namichi tokko ka qachaa Beeteelemii lafa

Yihuda'aa keessaa, haadha manaa ifiitii fi ijoollee ifii ta dhiiraa lamaan woliin gara lafa Mo'aabii godaane.
2 Maqaan namicha sanii Eliimelek; haati manaa isaalle Naa'oom; ilmaan isaa lamaan ammoo Maahiloonii fi Kiliyoon. Isaan dhalootaan worra Efraata'aa, ka qachaa Beeteelemii lafa Yihuda'aa keessaa ti. Isaan biyya Mo'aabii dhaqanee achi qubatane. Adoo achi le'anuu,
3 abbaan manaa Naa'oomii, Eliimelek du'e. Isiin ilmaan ifii lamaan woliin hatte.
4 Isaan lamaanuu durra gosa Mo'aabii fuudhane; maqaan takka'aa Orpha'a, tuun ammoo Ruuti. Gara woggaa kudhanii achi le'aneeranuun,
5 Maahiloonii fi Kiliyoonille du'ane; tanaaf Naa'oom abbaa manaa ifiitii fi ilmaan ifii lamaanuu dhaddee hatte.

### *Naa'oomii Fi Ruuti Gara Beeteelemii Deebi'ane*

6 Naa'oom adoo biyya Mo'aabii jirtuu, akka Mootiin Waan Maraa kolbaa ifii qaabatee midhaan kenneef waan dhageetteef, niitota ilmaan ifii woliin gara biyya Yihuda'aa deebi'iisaaf kaate.
7 Maarre isiin addee le'aa turte sanii kaatee, niitota ilmaan ifii lamaanuu woliin gara biyya Yihuda'aa deebi'iisaaf deemiisa jalqabane.
8 Naa'oom ammoo niitota ilmaan ifii lamaaninuu, «Gara mana haadhotii teessanii deebi'a'a. Akkuma isin anaa fi worra isin irraa du'eef dansaa gootane, Mootiin Waan Maraa waan dansaa isinii godhu.
9 Tokko tokkoon keessanuu deebitanee heerumtanee, bulii dansaa akka dhaggattanu Mootiin Waan Maraa isin qarqaaru» isaaniin jette.

Achiin duuba isiin sunqattee nageya itti
dhaante; isaan ammoo iyyanee bowanee,
10 «Waawwo'o, nuuti si woliin gara kolbaa teetii
ideenna» isi'iin jedhane.
11 Naa'oom ammoo, «Durra tiyya, deebi'a'a, maaf
na woliin deentan? Ani ilmaan dhibii ta isin
dhaaltu gadhaa kiyya keessaa qaba seetanii?
12 Durra tiyya, deebi'a'a, karaa keessan
qabadha'a, ani akka malee waan dulloomeef hin
heerumu. Ani silaa yoo addii qabaadheeyyuu,
edanumaayyuu heerumee, ilmaanille deye,
13 haga isaan gugurdatanutti hin eegattanii?
Tanaaf jettanee heeruma dhaddanii ree?
Waawwo'o, durra tiyya, waan harki Mootii Waan
Maraa natti fideen, akkas te'uun keessan guddoo
na gaddisiitteerti» isaaniin jette.
14 Achiin duuba isaan ammalle iyyanee wolitti
bowane. Orphaan haadha sodda'aa ifii sunqattee
nageya itti dhaante, Ruuti ammoo itti maxxante.
15 Maarre Naa'oom, Ruutiin, «Ilaa, Masaanuun
teeti gara kolbaa ifiitii fi waaqota ifii deebiteerti;
atille masaanuu* teeti gula deebi'i» jette.
16 Ruuti ammoo, «Si biraa akka deemu yookiin
duubatti akka deebi'u na hin uttisin! Addee ati
deentu, anille hin deema; addee ati leetu, anille
hin le'a; kolbaan teeti kolbaa tiyya, Waaqi keeti
Waaqa kiyya naa hin te'a.
17 Addee ati itti duututti, anille hin du'a; achitti
hin awwaalama, du'a malee wonni si irraa gargar
na baasu yoo jiraatte, Mootiin Waan Maraa natti
muruu ti!» jette.

---

* **1:15** *Masaanuu:* Masaanuun tun niitii obboleessa dhirsa isi'ii ti.

18 Naa'oom akka Ruuti isii woliin deemiisaaf
murteeffatte yennaa dhaggite, dabaltee womaa
hin dubbanne.
19 Maarre isaan lamaan haga Beeteelem
geyanutti deemane. Yennaa isaan Beeteelem
geyane, qachaan duudiin sababa isaaniitiif
girrise; dubartootille, «Tun dhugumaan
Naa'oomii?» jedhane.
20 Isiin, «Naa'oom† jettanee na hin waamina'a,
Waaqi Waan Mara Dande'u jiruu tiyya waan natti
hadheesseef, ‹Maaraa‡› naan jedha'a!
21 Guutuu asii baye, Mootiin Waan Maraa
ammoo duwwaa deebisee na galche; eega
Mootiin Waan Maraa na rakkisee, Waaqi Waan
Mara Dande'u waan hantuu natti fidee, maaf,
‹Naa'oom› naan jettan?» jetteen.
22 Maarre Naa'oom niitii ilma ifii, ta gosa
Mo'aabii, Ruuti woliin, biyya Mo'aabii irraa
deebite. Isaan yennaa jalqaba haammaa
garbu'uu qachaa Beeteelemii geyane.

# 2

## *Ruuti Fichaa Bo'azii Keessaa Woxoo* Qocatte*

1 Naa'oom namicha dureessa beekkamaa,
worra Eliimelekii ka te'e, Bo'az ka jedhamu, fira
dhirsa isi'ii ka te'e tokko qaddiiyyu.
2 Gaafa tokko intalti gosa Mo'aabii Ruuti,
Naa'oomiin, «Me gara fichaa nama fuula isaa
duratti fudhatama dhaggadhuu dhaqee duubaan

---

† **1:20** *Naa'oom:* Afaan Ibrootaatiin Gammada yookiin gammachi-isaa jechu'u. ‡ **1:20** *Maaraa:* Afaan Ibrootaatiin Gadda yookiin hadhowaa jechu'u. * **2:** *Woxoo:* Naannoo tokko tokkotti Deeggee jedhama.

woxoo qocadha» jette; Naa'oomille, «Intala tiyya,
deemi» jetteen.

3 Maarre isiin dhaxxee, fichaa keessa worra
midhaan haamu duubaan woxoo qocatte. Ada
fichaan isiin woxoo qocattuun sunuu, fichaa
Bo'azii worra Eliimelekiitiiyyu.

4 Yoosuma Bo'az Beeteelem irraa dhufee, worra
midhaan haamuun, «Mootiin Waan Maraa isin
woliin jiraatu» jedhee nageya fuudhe. Isaan dee-
bisanee, «Mootiin Waan Maraa si eebbisu» jed-
hane.

5 Achiin duuba Bo'az, «Intalti dargaggeettiin tun
ta eennuuti?» jedhee itti gaafatamaa worra mid-
haan haamuu gaafate.

6 Tajaajilichi itti gaafatamaan worra midhaan
haamuu sun deebisee, «Isiin intala Naa'oom
woliin biyya Mo'aabii irraa dhutte.

7 Isiin, anaan ‹Maganne'ee, worra midhaan
haamu duubaan odduu ladde'eetii† woxoo qo-
cadha› jette. Ganamaa jalqaddee haga ammaa
woxoo qocataa turtee, amma gaaddisa jalatti
diqqoo foora fudhatiisatti jirti» jedhe.

8 Achiin duuba Bo'az Ruutiin, «Intala tiyya,
na dhage'i; dubartoota hojjattoota as jirtu gula
woxoo qocadhu malee, fichaa kana lakkittee,
fichaa dhibii keessaa woxoo qocatiisaaf hin
dhaqin.

9 Fichaa isaan haamanu ilaan qabii, isaan faana
deemi. Dargaggeeyyiin dhiiraa akka si hin nun-
nussine ani ajajeera. Yennaa dheebotte, okkotee
isaanii keessaa dhaqii uni» jedheen.

† **2:7** *Odduu ladde'eetii:* Odduu uma'aatii jechuulle hin dande'ama.

10 Achiin duuba Ruuti fuulaan lafatti gad jiddee,
«Ani orma tokko yennaa te'u, ati akka naa yaa-
dattu, fuula keeti duratti maaf fudhatama dhag-
gadhe?» isaan jette.
11 Bo'az ammoo deebisee, «Haga abbaan manaa
keeti du'ee wonni ati haadha sodda'aa teetii goote
marti, abba'aa fi haadha teeti, lafa itti dhalat-
telle lakkittee gara kolbaa duraan hin beennee
attam akka dhutte, guutumatti martinuu natti
himameera.
12 Hujii teetiif Mootiin Waan Maraa sii kaffalu.
Mootiin Waan Maraa Waaqi Israa'elii, ka bobaa
isaatitti dheette kaffaltii guutuu sii kaffalu» jedhe.
13 Achiin duuba Ruuti, «Ani tajaajiltoota
teeti keessaa takkaa te'uu dhabulle, waan
na jajjabeessitee ana tajaajiltuu teetitti gadhi
laafinnaan dubbatteef, goottaa kiyya, fuula keeti
duratti ani fudhatama hin dhabin» jette.
14 Yennaa sagalee nyaataatitti Bo'az, isi'iin, «As
koy, daabboo tana itto'otti cuuphadhuu nyaadhu»
jedheen; maarre isiin worra midhaan haamu bira
teette; Bo'azille akum'ee garbuu sanii isii dura
qabe. Isiin haga quuttutti nyaattee, hambaalle
hatteef.
15 Yennaa isiin woxoo qocatiisaaf kaate, Bo'az
hojjatoota ifiitiin, «Odduu ladde'eelle'ee woxoo qo-
cattuutii, isii hin xixina'a.
16 Laddee keessalle'ee luqqisaa, akka isiin
woxoo qocattu lakkisa'aaf, isii hin xixina'a» jedhe.
17 Maarre Ruuti haga galgalaatitti fichaa
keessaa woxoo qocatte. Achiin duuba woxoo
qocatte san sukkuumattee garbuu gara kiiloo
kudhanii te'e.

18 Ruuti garbuu san fudhattee gara qacha'aa
dhuttee, woxoo hagam geettu akka qocatte
haadha sodda'aa ta ifiititti mudhitte. Achiin
duuba Ruuti nyaattee quutteertuun hambaa
irraa hatte fuutee haadha sodda'aa ifiitiif kennite.
19 Haati sodda'aa ta isi'ii, «Ati adha eessaa
woxoo qocatte? Eessa hujatte? Nama siif yaade
san Waaqi eebbisuu ti» jetteen. Maarre Ruuti,
«Maqaan namicha ani adha fichaa isaa keessa hu-
jadhee Bo'az» jettee haadha sodda'aa ta ifiititti
hinte.

20 Achiin duuba Naa'oom niitii ilma ifiitiin,
«Mootiin Waan Maraa ka worra jiruu fi worra
du'elle'eef arjummaa ifii hin lakkinne, isa eeb-
bisu» jette. Ammalle Naa'oom, Ruutiin, «Namichi
sun fira aanti'ii keenna; inni nama nu dhaalu»
jette.

21 Achiin duuba Ruuti, «Inni ‹Haga midhaan
kiyya mara haamamee fixamutti, hojjatoota tiyya
biraa hin fagaatin› naan jedheera» jetteen.

22 Naa'oom, Ruutii niitii ilma ifiitiin, «Intala
tiyya, dubartoota hojjattoota isaa woliin
hujachuu sii woyya; fichaa nama dhibi'ii yoo
dhaxxe si rakkisan fa te'a» jette.
23 Maarre Ruuti haadha sodda'aa ifii woliin
le'aa, dubartoota Bo'azii hojjatanu irraa adoo hin
fagaatin, haga qamadi'ii fi garbuun haamamanee
fixamanutti woxoo qocatte.

# 3

## *Ruuti Abbaa Manaa Dhaggatte*

1 Naa'oomiin haati sodda'aa ta isi'ii, «Intala tiyya,
ati mana qabaattu sii dansa'aa, ani bultii sii bar-
baada.
2 Bo'aziin ati dubartoota hojjattoota isaa woliin
hujju, fira aanti'ii keenna; kunoo inni galgala ad-
haa garbuu eeddumme'etti hin qulleeffata.
3 Amma nafa dhiqadhuu, dibadhuu, woyaa ad-
duu teeti uffadhuu gara eeddumme'ee gad dhaqi;
ammoo haga inni nyaataa fi unii fixatutti itti hin
mudhatin.
4 Yennaa inni irkate, addee inni irkate hubadhu;
achiin duuba, dhaqiitii miila isaa irraa woyaa
saaqiitii miila isaa jalaan irkadhu*; innille waan
ati gootu sitti hin hima» isi'iin jette.
5 Ruuti deebittee, «Waan maraayyuu akkuma ati
jette hin godha» jetteen.
6 Maarre Ruuti gara eeddumme'ee gad dhaxxee
akkuma haati sodda'aa isi'ii jetteen goote.
7 Bo'az nyaatee uneen duuba, gammadaan, tuu-
laa garbu'uu bira irkatiisaaf dhaqe. Achiin duuba
Ruuti suutaan dhuttee, miila isaa irraa woyaa
saaxxee, jalaan irkatte.
8 Halkan wodhakkaa Bo'az dedhuma
dammaqee, garagalee, dubartiin takka, miila
isaa jalaan irkatteertuun dhaggee baaseffate,
9 «Ati eennu?» jedhee gaafate.
Isiille deebittee, «Ani tajaajiltuu teeti Ruuti,
goottaa kiyya; ati fira aanti'ii waan teeteef, ati ee-
gunsa naa godhiisaaf itti gaafatamummaa qadda.
Tanaaf na dhaali» jetteen.

* **3:4** *Miila isaa irraa woyaa saaqiitii miila isaa jalaan irkadhu:* Akka aadaa worra Yihudootaatitti dubartiin takka woyaa saaxxee miila nama tokkoo jalaan yoo irkatte, na fuudhi jechu'u.

10 Inni, «Intala tiyya, Mootiin Waan Maraa si eeb-
bisu; addatamummaan teetii ta ammaa tun ta dur
haadha sodda'aa teetiif goote caalti; hiyyeessalle
te'ee yookiin dureessa, ati dargaggeeyyii gula hin
deenne.
11 Ammalle, intala tiyya, hin sodaatin; akka
ati dubartii dansa'aa kolbaan tiyya duudiin waan
beettuuf, waan ati na gaafatu mara siif hin godha.
12 Fira aanti'ii te'uun kiyya dhuguma; te'uu
malee na caalaa fira aanticha ka te'e nama
dhibi'itti jira.
13 Edana as buli; barii, inni yoo si dhaale
dansa'a; dhaaluu ti. Inni si dhaaluu ka hin feene
yoo te'e, Mootii Waan Maraa jiraata'aan kakadha,
ani si dhaala; haga bariitutti irkadhu!» jedheen.
14 Maarre isiin haga bariitutti miila isaa jala
irkatte; ammoo gara eeddumme'ee akka isiin
dhutte eennulle akka beeku, Bo'az waan hin bar-
baadiniif, Ruuti barii caararra'aan kaate.
15 Achiin duuba inni Ruutiin, «Qophisoo uffat-
teertu as fidii afi» jedhe; isiille atte, innille garbuu
gara kiiloo diddamaa itti ba'achiise; achiin duuba
isiin gara qacha'aa deebite†.
16 Ruuti gara haadha soddaa ifii Naa'oomii yen-
naa deebite, Naa'oom, «Intala tiyya, dubbiin attam
sii teete?» jettee gaafatte.
Achiin duuba Ruuti waan Bo'az godheef mara
itti odeessitee,
17 «Inni, ‹Harka duwwaa gara haadha sodda'aa
teeti hin deebi'in› naan jedhee, garbuu gara kiiloo
diddamaa kana naa kenne» jette.

† **3:15** *Isiin gara qacha'aa deebite:* Barreeffam Ibrootaa ka durii gariin Inni gara qacha'aa deebi'e jedha.

18 Naa'oom deebittee, «Intala tiyya, namichi
adha dubbii hobbaasu malee waan hin foorfan-
neef, haga deebii dubbii tanaa dhaggitutti ee-
gadhu» jette.

# 4

## *Bo'az Ruuti Fuudhe*

1 Bo'az gara addee karra yaa'ii qacha'aa dhaqee
achi tee'e. Namichi fira aanti'ii, ka Bo'az dub-
bateeru kuun, achiin dabariisaaf dhufe. Maarre
Bo'az, «Jaali, koottu me; as tee'i» jedheen. Innille
dhaqee tee'e.
2 Achiin duuba Bo'az jaarsolee qacha'aa nama
kudhan fudhatee, «As tee'a'a» jedheen. Yennaa
isaan tee'ane,
3 inni namicha fira aanti'iitiin, «Naa'oom, ta
biyya Mo'aabiitii deebite, lafa qooda Eliimelekii
fira keennaa gurguratiisaaf barbaaddi.
4 Atille marroo waan kanaa beekuu qadda jed-
hee yaade. Amma, worra as tee'u kanaa fi jaar-
solee tana duratti bitadhu. Yoo bitatuu feete,
bitadhu; yoo hin feene ammoo, akka beekuuf,
natti himi; sababille bitatiisaaf nami dursu'uu
male si'i, anille sitti aana» jedhe.
Namichi, «Ani hin bitadha» jedhe.
5 Achiin duuba Bo'az, «Guyyaa lafa Naa'oom*
irraa bitattu, maqaa namicha du'ee badii dhooggi-
isaaf, Ruutii Mo'aabittii, haadha hiyyeessaalle hin
dhaalta» jedheen.
6 Namichi fira aanti'ii, «Yoo akkas teete, ijoolleen
tiyya waan hin dhaalleef ani hin bitadhu; ani

---

* **4:5** *Naa'oom irraa:* Hiikkaan durii durii gariin Naa'oomii fi Ruuti irraa jedha.

waan hin bitanneef, haqa kiyya fudhadhuutii
atummaan bitadhu» jedhe.

7 Dur biyya Israa'elii keessatti, bitataa fi jijji-
irata irratti: dubbii mirkaneessiisaaf, nami tokko
kophee baafatee kaaniif kenniis aada'a; Israa'el
keessatti akka kanaan bitta'aa fi jijjiirraan seera
qabeessa te'a.

8 Tanaaf namichi fira aanti'ii kuun, Bo'aziin,
«Atummaan ifumaaf bitadhu» jedhee kophee ifii
baafatee kenne.
9 Achiin duuba Bo'az jaarsole'ee fi kolbaa achi
jirtu maraan, «Waan Eliimelekii, waan ilmaan isaa
Kiliyoonii fi Maahiloon qabanulle maraayyuu,
adha ani Naa'oom irraa akka bitadhe isin dhugaa
tiyya.
10 Karra isaa irratti maqaa namicha du'ee badii
dhooggiisaaf, biyya itti dhalatee fi kolbaa isaa
keessaa maqaan isaa akka hin banne, Ruutii biyya
Mo'aabii ta Maahiloon irraa du'e, akka niitii naa
teetu, ani fuudheera. Tana duudi'iif isin adha
dhugaa tiyya» jedhe.

11 Achiin duuba jaarsole'ee fi kolbaan addee
yaa'i'ii jirtu marti, «Ee, nuuti dhugaa sii teena.
Mootiin Waan Maraa dubartii gara mana keetii
dhufaartu tana, akka Raahelii fi Liyaa ijoollee
Yaaqoobiif horanee si'iif godhuu ti. Efraataa
keessatti hori; Beeteelem keessalle'etti beekkam.
12 Ilmaan Mootiin Waan Maraa karaa intala
tanaatiin sii kennuun, maatiin teeti akka maatii
Faaresii, ka Taamaar Yihuda'aaf deettee teetu»
jedhane.

## *Sanyii Daawitii*

13 Maarre Bo'az Ruuti fuudhee niitii teeteef.
Yennaa isaan wol bira geyane, Mootiin Waan
Maraa isii eebbisee, isiin ulfoottee ilma deette.
14 Achiin duuba dubartooti qachaa Beeteelemii,
Naa'oomiin, «Ka akkoo si kunuunsu adha sii
kenne, guddinni Mootii Waan Maraatiif te'u. Is-
raa'el keessatti maqaan muca'aalle ka beekkame
te'u!
15 Niitiin ilma keetii si jaalatti; ilmaan torba
sii caalti. Amma ilma bara dullummaa teetii si
soorachiisuu fi jiruu teeti haaressu sii deetteerti»
jedhaneen.
16 Achiin duuba Naa'oom mucaa fudhattee hab-
baaratte; kunuunsitelle gudditte.
17 Dubartooti ollaa sanii, «Ilmi Naa'oomiif laa
dhalate» jedhanee, maqaa muca'aa, «Yoobeed»
baasane.
Yoobeed abbaa Iseyii ti; Isey abbaa Daawitii ti.
18 Sanyiin Faaresii isaan kana: Faares, Hesrom
uumate,
19 Hesrom, Raam uumate; Raam, Aminaadaab
uumate,
20 Aminaadaab, Nahasoon uumate; Nahasoon,
Salmoon uumate.
21 Salmoon, Bo'az uumate; Bo'az, Yoobeed uu-
mate;
22 Yoobeed, Isey uumate; Isey Daawiti uumate.

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.

You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.

Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 2 May 2025 from source files dated 2 May 2025

61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e